

Magarsaa D.

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176



DOI: <https://doi.org/10.20372/jdq.v2i1.1093>

ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)

Jornaalii Dilbii Qorannoo

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

Fuula Manaa: <https://journals.wgu.edu.et>

Qorannoo Asilii

Afoolaan Duudhaalee Gaa'elaa Barsiisuu: Durduriwwaniifi Mammaaksota Xiyyeeffachuun

Magarsaa Dhinsaa

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Kaayyoon qorannoo kanaa gahee gooroowwan afoola Oromoo filataman (durduriwwaniifi mammaaksonni) duudhaalee gaa'elaa barsiisuun dhaloota ga'elaaf ga'oosuu keessatti qaban xiinxaluun ibsuudha. Hanga qoratichi sakatta'iinsa geggeessetti dhimma kanarratti qorannoon gadifaeenya qabu geggeeffamuu dhabuunis ka'umsa qorataa qorannoo kanaati. Qorannoon kun qorannoo sanyaabsa sakattaa (survey ethnography) yoo ta'u, maanguddoonniifi dargaggoonnis madden ragaalee qorannichaati. Hangi iddattoo raghimtoota qorannichaas maanguddoota soddonii shan (35)fi dargaggoota digdamii shan (25), ida'amaan raghimtoonni ja'atama (60) irraa ragaaleen funaannatamaniiru. Malli akkayyoofi malli darbaadabarsaa immoo malleen iddatteessuu itti dhimma ba'aman yommuu ta'an, malleen funaansa ragaalee qorannichaas: daawwannaa, afgaaffiifi mariigaree xiyyeeffannoodha. Ragaaleen walitti qabamanis yaadiddama ijaarsa hawaasummaa (social constructionist theory) bu'uureffachuun mala akkamtaa ibsaan xiinxalamuun adeemsifamaniiru. Argannoowwan bu'uuraa qorannoo kanaas: Oromoon karaalee garaagaraa dhaloota ga'elaaf kan ga'oosuu yoo ta'u, bal'inaan garuu gooroowwan afoolaa isaa kanneen akka durduriwwaniifi mammaaksotaatti dhimma ba'uun akka dhaloonni xiinsammuun, hawwasummaan, dinagdeefi beekumsa duudhaalee hawaasaan guutuu ta'uun ga'elaaf ofqopheessuu qabu qaruun ga'oosaa. Akkasumas, ittiin ulaagaalee gaa'ela ijaarachuu keessatti bu'uureffatamuu qaban daran bu'uuraa ta'an akka bu'uureffataniifi itti gaafatamummaa jireenya gaa'ela keessaas fudhachuun ba'achuu akka qaban dhaloota barsiisa.</i></p>	<p>Article History: Received: 07-05-2024 Revised: 29-05-2024 Accepted: 15-06-2024</p> <p>Jechoota Ijoo: <i>afoola, durduriwwan, mammaaksota, gaa'ela, Jaawwii Maccaa</i></p> <p>*Qorataa: Magarsaa Dhinsaa</p> <p>E-mail: megersaabeye@gmail.com</p>

Copyright©2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

Magarsaa D.

1. Seensa

Akkaataa jiruufi jireenya dhala namaa darbeefi ammaa irraa ka'uun ibsuun akka danda'amutti, gaa'elli walitti dhufeenyaafi waliin jireenya dhiira tokkoofi dhalaa tokkoo (*monogamy*), dhiira tokkoofi dhalaa lamaa yookaan isaa olii (*polygamy*) walqunamitii saalaafi ilmaan, yookaan dhala waliin horuu bu'uureffateefi aadaa hawaasaan mirkaneeffame (*culturally approved relationships*) dha (Guha, 2008).

Gaa'elli riqicha jireenya hawaasummaa cimsee walitti hidhuufi itti fufsiisu keessaa isa bu'uuraa ta'ee, Jaawwii Macca birattis gosoota garaagaraa qaba. Isaanis: naqata, sabbat-marii, hawwii, aseenna, dhaalaafi butiidha (Gammachuu, 2006). Wantota gurguddoo Jaawwiin Maccaa sadarkaalee guddinaa (*rites of passage*) isaa keessaatti bakka olaanaa itti kennuu keessaa gaa'elli (*marriage*) isa olaanaadha. Karaalee inni ittiin ulaagaalee gaa'ela ijaarrachuu keessatti barbaachisummaa olaanaa qabaniifi daran bu'uureffatamuu qaban ibsu, dhaloota barsiisuufi akeekkachiisu keessaas afoolli isaa isa tokkodha.

Afoolli karaa hawaasni tokko akkataa jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatu keessaa isa tokkodha. Afoolli seeneffama unkaa walaloo (*verse forma*) yookaan hololoo (*prose form*) qabu kan yeroo tokko tokkos seeneffama hawaasaa (*folk narrative*) jedhamuun waamamu ta'ee, kan

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

ittiin hawaasni tokko duudhaa jiruufi jireenya isaa isa gadi fagoo ibsatudha (Dorson, 1972). Afoolli kalaqa hawaasaa hawaasichi akkaataa jiruufi jireenya isaa isa waliigalaa ittiin ibsatu ta'ee gooroowwan akka: afseenaawwanii, afwalaloowwaniifi qareeyyiis kan ofjalatti haammatedha (Okpewho, 1992).

Afoolli unkaalee seeneffamootaa addunyaa kanarra jiran keessaa tokko ta'ee, kan afaaniffaan, sochii qaamaafi afaaniffaan, mallattoowwaniifi afaaniffaan darbu/lufuufi dhihaatudha. Gooroowwan kanneen akka: mammalsotaa, qoosaawwanii, hibboowwanii, sirboota hawaasaa (*folk songs*), faaruuwwanii, seenduriwwanii, baacoowwanii, ragamtaalee, durduriwwaniifi tabaalliwwaniis ofjalatti haammata (Barthes & Duisit, 1975).

Qorannoo kunis, gooroowwan afoola Oromoo keessaa durduriwwaniifi mammaaksotaatti gargaaramuun akkamitti akka Jawwiin Maccaa dhaloota ga'eelaaf qaruufi ga'oomsu irratti kan xiyyeeffate yommuu ta'u, durduriin kalaqaafi seeneffama hawaasaa aartiin guutame ta'ee, kan bashannansiisaa duudha akkaataa jiruufi jireenya hawaasaa tokkoo barsiisudha. Kana jechuunis, oguma dubbii hawaasni tokko ittiin dhaloota qaru, qeequ, akeekkachiisu, gochaa badaa walii balaaleffatuufi dubbii icciitomsee himuuf itti gargaaramu jechuudha (Dorson, 1972). Durduriin seeneffama hawaasaa unkaa

Magarsaa D.

hololoo qabu hawaasni sun ittiin dhimmoota hawaasummaa isaa, siyaasaafi dinagdee isaa wal barsiisu keessaa tokkodha (Songsin, 1999). Oromoo birattis, durduriin gooroo afseenaa beekamaa duudhaalee akkaataa jiruufi jireenyaa ilaalchisuun ergaa garaagraa ittiin waliif dabarsuuf, walbashannansiisuufi walbarsiisuuf itti dhimma ba'amudha (Sumner, 1996).

Durduriin oguma hawaasaa kan qabiyyeen isaa akka amantaafi seenaatti hinilaalamneefi hinfudhatamne; dhimma dhugaan raawwatame ta'uus ta'uu dhiisuus danda'udha. Haata'u malee, safuufi duudhaa hawaasaa barsiisuuf kan himamudha (Bascom, 1965). Durduriin seeneffama hawaasaa unkaa dhangala'an dhihaatu kan duudhaa akkaataa jiruufi jireenya hawaasichaa isa gadi fagoo ibsudha (Abrams, 1988).

Durduriin oguma qalbii namaa hawatu ta'ee, kan akka galmee aadaafi seenaa beektotaatti fudhatamuun qaaceffamuufi ga'ee inni hawaasa keessatti qabus mala dhahamudha (Luthi, 1982). Yaada hayyoota kanarraa hubachuun akka danda'amutti durduriin kalaqa, seeneffamaafi oguma hawaasaa duudhaa akkaataa jiruufi jireenya hawaasaa ibsu garuu dhimma dhugaan raawwatame ta'uus ta'uu dhiisuus danda'udha.

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

Durduriin seeneffama hawaasaa qindaa'ina olaanaa qabu, aartiin guutameefi hanga ta'e tokko unkaan dhabbatummaa qabuufi bifa xumuramummaa yaadaa qabuun dhihaatudha. Kaayyoon inni himamuuf inni jalqabaas bashanansiisuuf yoo ta'u, humna barsiisuufi eenyummaa ijaaroo olaanas kan qabudha (Dorson, 1972). Jablow (1961) akka ibsettis, durduriin hawaasa itti fayyadamu sana bo'aarsuufi gammachisuurra darbee humna akkaataa jireenya hawaasa isaa ibsuu, yaadaafi duudhaa isaanii calaqsiiisuufi walitti dhufeenya namootaa ibsuu kan qabudha.

Durduriin kalaqa hawaasaa taatee yookaan gochaa tokko kan bara durii raawwatame fakkeessuun dhiyyeessu ta'ee kan yeroo adda addaafi bakka adda addaatti, fakkeenyaaf, galgala abidda biratti, lafa tikaatti, bakka eeguutti, bakkaa hojiilee biroo garaagaraattiifi bakkeewwan bashannanaa garaagaraatti himamudha. Kan inni himamus walii isaanii bashannansiisuuf; akkasumas, ergaawwan adda addaa kanneen akka: jajannaa, dhaaddannaa yookaan qeeqaa, akeekkachiisaa, balaaleffannaa, quuqamaa, miliqee, abdi, raaguufi adabaa ittiin waliif dabarssuufidha (Saahiluu, 1990).

Jawwiin Maccaas jireenya hawwaasummaa isaa karaa inni ittiin ibsatuufi tiksatu keessaa

Magarsaa D.

tokko durduriwwan isaatti dhimma bahuunidha. Kunis, ittiin barbaachisummaa wantota jireenya hawaasummaa isaa keessatti bu'uura ta'anii kanneen akka: ogumaa, beekumsaa, jaalalaa, amanamummaa, dhugaa, garraamummaa, gorsa fudhachuu, obsa qabaachuufi hojiitti cimuum qaban waliif tumsa. Akkasumas, ittiin gowwummaa, doofummaa, walaalummaa, jibba, soba, safuu dhabdummaa, amanamummaa dhabuu, hanna, doqnummaa, dhibaa'ummaa, kashalabummaa, halaalummaa, jireenya gadhiisii (jireenya safuun alaa), axxummaa badaafi ofittummaa immoo qeeqa; akkasumas, balaaleffata.

Gooroon afoolaa xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'e inni biraan mammaaksa yoo ta'u, mammaaksi immoo himamsa hawaasaa hima gabaabaan himamu dhugaa waliigalaa hawaasni itti amanuun kan guutedha (Cuddon, 1998). Karaa biraan immoo mammaaksonni himoota gagabaaboo muuxannoowwan yeroo dheeraa irraa dhalatanidha (Berhanu, 1986). Mammaaksonni ogumaalee dubbii jireenya guyyuu hawaasa tokkoo keessatti himamaa oolan kan ittiin dubbiin miyeeffamu (*embellish*), iciitoffamuu (*conceal*)fi ciicanni kennamudha (Finnegan, 1970). Oromoo birattis, mammaaksi gooroo afoolaa isaa keessaa isa bal'inaan jireenya isaa guyyuu keessatti itti dhimma ba'amaa oolamu ta'ee,

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

kan humna barsiisuu olaanaa qabuufi yeroo baayyees dubbii gabaabsuuf, iciitomsanii dubbachuuf, dubbii fixuuf, yookaan dubbii fiduuf itti dhimma ba'amudha.

Mammaaksi qaama afaaniifi qaama hawaasaati. Kana jechuunis, mammaaksi afaan hawaasni tokkoo ittiin karaa gabaabaafi xaxamaa walqunamu ta'ee jireenya hawaasa tokkoo keessaas oguma hindhibammedha. Mammaaksi hawaasa keessa, hawaasni immoo mammaaksa keessa jiraata (Omolewa, 2007). Mammaaksi bareedinaa dubbiifi dubbii qolaa ta'ee dhugaa muuxannoo irraa madde tokko kan ibsudha. Dhugaan mammaaksa keessatti ibsamuus loogikaawaa ta'uun isaa guutuu ta'uu baatus ragaalee qabatamoon jiran irraa kan maddudha. Dhugaan qabatamaan kunis, hariiroo hawaasa gidduu jiru irraafi hariiroo hawaasaafi addunyaa naannoo isaa gidduu jiru irraa kan dhalatudha (Yisa, 1997).

Mammaaksi hima beekamaa (*popular*), gabaabaa, filatamaafi hiikaa gadifagoo qabu ta'ee muuxannoo jiruufi jireenya hawaasaa dhugaa irraa kan maddudha (Coyle, (1991). Bifuma walfakkaatuun, Mieder (2004) immoo mammaaksi kalaqa hawaasaa uunkaadhaan gabaabaa hiikaan garuu gadifagoo hawaasaan yaadatamu, oguma dubbii dhugaa dhimmaa dhuudhaa ofkeessatti qabateefi kan dhalootaa dhalootaatti darbaa deemudha. Akkasumas,

Magarsaa D.

mammaaksi beekkumsa aadaa tokko keessatti dhimmi tokko gaarii yookaan badaa ta'uu isaa ittiin adda baafannuudha jechuun barreessaan kun ibsee jira.

Kanneen malees, Borua (1962) akka addeessetti, mammaaksonni daawwannaaleefi ibsoota (*observations and expressions*) ifoo odeeffannoo guutuu dhugummaa qaban qabatan, kan muuxannoo jireenyaa kallattii garaagaraa irraa maddanidha. Akkasumas, mammaaksonni ogumaaleefi bareewwan hawaasaa dhufaa darba baroota keessatti unkaalee dhaabbatoo qabanidha (Coffin & Cohen, 1966).

Mammaaksi himamsa sadarkaa olaanaan unkaa dhabbataa qabu, gabaabina himaan beekamuufi dhugummaa yaada isaan fudhatama olaanaa hawaasa biartti qabudha. Hayyoonni baayyeenis mammaaksonni muuxannoofi qu'annoo jireenya namootaa irraa kan dhalatan akka ta'anii, garuu bu'uurummaa dhugaa qabaataniyyu yeroo hundumaa yaada dhugaa qabatu jechuu miti jechuun itti waliigalu (Finnegan, 1970).

Walumaagalatti, yaada hayyoota kanaarraa hubachuun akka danda'amutti, mammaaksi oguma hawaasaa unkaa gabaabaan dhihaatu ta'ee kan hiika gadifagoofi iciiteffamaa qabu, kan hawaasni dubbii taasisaa jiru tokkoof ofitti

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

hawwatummaafi humna kennuuf himudha. Akkasumas, mammaaksi kalaqa hawaasaa afaan olaanaatti dhimma ba'amuun dhihaatu, kan jireenya guyyuu hawaasaa keessaas hindhabammedha.

Haata'u malee, Uummanni Oromoo uummata bal'aa gaanfa Afarika ta'ee osoo jiruu afoola isaa irratti qorannoowwan bal'inaafi gadifageenya qaban hingeggeeffamne jechuun nidanda'ama. Qoratiichi dhimma kana irratti qorannoo akka geggeessuuf qabxiwwan isa kakaasanis: muuxannoo duraan gooroowwan afoola Oromoo garaagaraa funaanuun xiinxaluu irratti qabuufi hanga qoratiichi sakatta'a geggeessetti qorannoon dhimma kanarratti geggeeffame kan hinjirre ta'uudha. Qabxiilee kanneen bu'uura godhachuun kaayyooleen qorannoo kanaas:

- Gahee durduriiwwan Oromoo duudhaalee gaa'elaa dhaloota barsiisuu keessatti qaban xiinxaluufi
- Gahee mammaaksonni Oromoo duudhaalee gaa'elaa dhaloota barsiisuu keessatti qaban xiinxaluudha.

2. Giddaa Ayyaanaa – Jaawwii Maccaa

Qorannoon kun kan inni adeemsifame Goodina Wallagga Bahaa keessatti aanaalee argaman keessaa Aanaa Giddaa Ayyaanaa irrattidha. Aanaan kun magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinneerraa kiiloo metira 442,

Magarsaa D.

maagaalaa guddittii goodinaa Naqamterraa immoo kiiloo metira 112 fagaattee argamti. Kaabaan Naannoo Amaaraan, Kibbaan Guutoo Giddaan, Bahaan Aannaa Kiramuufi Horroo Guduruu Wallaggaafi Lixaan immoo Aanaa Ebantuufi Limmuun dangeffamtee jirti. Aanaan kun gandoota 26 (gandoota baadiyyaa 23fi gandoota magaalaa 3) ofjalaas qabdi. Magaalaan giddugala bulchiinsa ishee ta'uun tajaajiltu immoo magaalaa Ayyaanaadha (*maddi: Waajjira Bulchiinsa Aanaa Giddaa Ayyaanaa*).

Gosti Maccaa aanaa kana keessa jiraatus Jaawwii Maccaati. Aanaan kun bara 1807 A.L.H maqaa haadha manaa nama maqaan isaa Kumsaa Odaa jedhamuun moggaaffamte. Maqaan haadha manaa isaa aanaan kun ittiin moggafamtees Ayyaaneen Gooroo jedhamti turte. Kumsaan haadha manaa biraallee kan qabu yoo ta'u, Ayyaaneen garuu hadha manaa isaa ishee angafa turte. Ayyaaneen dhala hinqabdu turte. Gaaf tokko gara abbiyyuu ishee deemtee “Baabbaa akka Waaqayyo dhala anaaf kennuuf mee Waaqayyoon anaaf kadhadaa” jettee itti himatte. Abbiyyuun ishees deebiseefii “Egetanaallee (kanaa boodallee) dhala godhachuu hindandeessu, garuu kan ati ittiin bara baraa waamamtu siifan kenna jedhee maqaa isheen lafa gabaa “Gabaa Ayyaanaa” jedhamu, har'a bakka

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

beekamaafi gabaa beekamaa ta'ee jiru mogaase. Yeroo sanatti immoo gabaan kan inni argamuu Billoo Bosheefi Waastitti qofa ture (*maddeen: raghimaa X.M, <https://en.m.wikipedia.org> > wiki > Gida*).

Uummanni aannichaas baayyinaan hordoftoota amantaa Kiristaanaa, Waaqeffataafi hordoftoota amantaa Musliimaa yommuu ta'an, lakkoofsi uummattoota Itoophiyaa bara 2007 taasifame akka ibsetti, baayyinni uummata aanaa Giddaa Ayaanaa (Aanaa Kiramuu irraa cittee jirtu har'a dabalatee) 158,635 yommuu ta'u, kana keessaas dhiirri 79,878 dhalaan immoo 78,757dha (*maddi: 2007 Population and Housing Census of Ethiopia: Results of Oromia Region Vol. 1*).

Aanaa kanatti dargaggeessi fuudhaaf ga'e tokko gosoota gaa'elaa garaagaraa jiran keessaa tokkotti gargaaramuun gaa'ela kan ijaarratu yoo ta'u, gosoota ga'elaa aanichatti beekamoo ta'an keessaa inni hangafin garuu naqataadha. Kanneen biroo kanneen akka: sabbat-marii, hawwii, aseennaafi dhaalaas isaan biroota. Hawaasni aanichaa dhaloota umuriin gaa'ela ijaarrachuu bira ga'aa jiranis barsiifataafi duudhaalee isaa garaagaraatti gargaaramuun gaa'eelaaf qara, icciitii gaa'elaa isaan barsiisa; akkasumas, duudhaalee gaa'ela keessattii xiyyeeffatamuu qaban barsiisa.

Magarsaa D.

3. Malleen Qorannoo

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba'amuun adeemsifamee jira. Sababiin isaas, ragaaleen qorannichaa kan lakkoofsaan ibsamuufi safaramuu danda'an miti. Akkasumas, qorannoon kun qorannoo sanyaabsaa beekumsa hawaasaa irraatti xiyyeeffate waan ta'eef, paraadaayimiin ijaarsaa (*constructivism paradigm*) bu'uureffatamee jira. Paraadaayimiin ijaarsaa kunis beekumsa hawaasaa ijaaramee jiru funaanuufi xiinxaluun beekumsa dabalataan dhugoomsuuf kan gargaarudha (Creswell, 2009).

Qoratichi mala iddatteessuu akkayyootti gargaaramuunis aanaalee Goodina Wallaggaa Bahaa keessatti argaman keessa Aanaa Giddaa Ayyaanaa-Jaawwii Maccaa filatee jira. Aanaan kun kan inni filatames bakka itti afoolli ititee yookaan tikifamee jiru ta'uu qoratichaan addaan baafatamuunidha. Ragaaleen qorannoo kanaa kan isaan funaannatamanis maddeen ragaalee tokkoffaa irraa yoo ta'an, isaanis: maanguddootaafi dargaggootaadha. Sababiin gareen hawaasaa kunniin filatamaniifis akka bakka qorannoon kun irratti adeemsifameetti afoola himuun qaamota beekamoo ta'anii waan argamaniifidha. Hangi iddaattoo raghimtoota qorannoo kanas maanguddoota soddomii shan (35)fi dargaggoota digiddamii shan (25), waliigalaan raghimtoota ja'atama

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

(60)dha. Neuman (2000) ragaalee qorannoo dirree funaannachuu keessatti malleen iddatteessuu akkayyoofi darbaadabarsaa kanneen filatamoodha jechuun akkuma addeessee jiru; qorannoo kana keessattis, malleen iddatteessuu kunniin kanneen itti dhimma ba'amanidha.

Malleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti itti dhimma ba'aman immoo daawwaannaa (daawwaannaa hirmaachisaafi al-hirmaachisaa), afgaaffii (afgaaffiilee al-caaseffamoofi caaseffamoo gammisaa)fi mariigaree xiyyeeffannoodha. Ragaalee kennamanis mala waraabbii sagaleefi suursagaleen; akkasumas, mala yaadannoon qabachuun fudhatamanii jiru. Ragaaleen fudhatamanis/guuramanis qajeelfama ragaalee barreeffamatti jijjiiruu Creswell, (2009) addeessee bu'uureffachuun barreeffamatti erga jijjiiramanii booda mala xiinxala akkamtaa ibsaan xiinxalamani jiru.

Yaadiddamni xiinxala ragaalee qorannoo kanaa adeemsisuu keessatti bu'uureffatames yaadiddama ijaarsa hawaasummaa (*social constructionist theory*)dha. Yaad-rimeen ijaarsa hawaasummaa kan inni bu'uureffame saayinsii hawaasaa keessatti bara 1967tti hayyoota Berger fi Luckman jedhamaniinidha (Bruner, 1991). Dhalli namaa walitti dhufeenya jireenya isaa guyyuu keessatti yaad-

Magarsaa D.

rimeewwan garaagaraa waliif burqisiisa. Yaad-rimeewwan kanas akka qajeelfama jireenya isaatti itti dhimma ba'uun qaama beekumsaa godhatee amaleeffata (Berger & Luckman, 1967). Yaada hayyoota kanarraa beekumsi kan duraan dursee hawaasaan ijaarame jiruufi walitti dhufeenya dhalli namaa jireenya isaa guyyaa guyyaaniii yookaan guyyuu keessatti taasisuun babal'achaafi irra deebi'amee ijaaramaa adeemudha malee kan uumamaan jiru, yookaan dhimma habuureffamu (*discovered*) miti jechuudha.

Yaadiddamni ijaarasa hawaasummaa qorannoo afoolaa bifa dhihaatina sanyaabsaatiin (*ethnographic approach*) adeemsifaman keessatti kan bal'inaan itti dhimma ba'amudha (Bascom, 1965). Qorannoo afoolaa karaa ijaarsa hawaasummaanii taasifamu keessatti xiyyeeffannoon guddaan kan inni kenaamuuf akkamitti akka namoonni gooroowwan afoolaan jireenya guyyuu isaanii ibsan irratti akka ta'es barreessaan kun ibsee jira. Qorannoon kunis, qorannoo beekumsoota hawaasaa afoola keessatti ijaaramanii jiranii qorachuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, yaadiddamni ijaarsa hawaasummaa kun bu'uureffatamee jira. Kunis, galumsoota yookaan haalaawwan isaan keessatti himaman mal-dhahachuun gahee isaan qaban xiinxaluuf itti dhimma ba'ame.

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

4. Xiinxala Ragaalee

Gooroowwan afoolaa haala keessatti himaman irratti hunda'uun ergaawwan garaagaraa dabarsu. Jaawwiin Maccaa gosoota fuudhaafi heerumaa baayyee akkuma qabu ulaagalee bu'uureffachuun walfilachuun gaa'ela waliin ijaaratu/dhaabbatus hedduu qaba. Ulaagaalee xiyyeeffannoo keessa galfatamuu qabanis karaalee garaagaraan kan dhaloota barsiisu yoo ta'u, kanneen keessaa tokkoofi xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'es gooroowwan afoolaa isaa garaagaraatti gargaaramuun akkamitti akka duudhaalee gaa'elaa isaa dhaloota barsiisudha. Qorannoo kana keessattis, gooroowwan afoola Oromoo keessaa gahee durduriwwaniifi mammaaksonni dhaloota gaa'elaaf ga'oomsuufi qaruu keessatti qaban kan xiyyeeffatame yoo ta'u, kutaaa xiinxala ragaalee qorannichaa kana keessattis jecha 'durdurii' jedhuuf mallattoo qubee 'D' mammaaksaaf immoo qaabee 'M' bakka buufamuun dhimma itti ba'amee jira.

Baradurii dargaggeessa fuudha ga'ee tokkotuu durba barbaaddachuuf ba'e. Dubartiin gabaa dhaqaa jirtu tokkos karaatti itti dhuftee, "Eeraxxa? Yaa mucaa koo" jettee gaafatte. Innis, "Anoo..... ba fuudhuma barbaadeen durbuma wayii barbaaddachuuf ka'e" jedhe. Isheenis; "Ihii" jettee qee ofii qee ormaa fakkeessitee 'elaa mana gamaa sana deemii warri gabaa deemuu durba isaanii ilaalladhu' jette. Dargaggeessichis tole jedhee

Magarsaa D.

deemee dhaqee balbalarra dhaabbatee “Ijoo, warra manaa” jedhee waame. Durboonis manaa “Hoo” jedhan. Innis, “Haati keessan mana hinjirtuu?” jedhee gaafate. Isaanis, “Hinjirtu gaba deemteetti” jedhan. Innis, “Dafanii galuumoo?” jedhe. Durboonis; “Isallee hinbeekinu nutoo, noorakaa” jedhan. Innis olseenee taa’e. Qiraaacii eele abiddarra kaawwatanii waan jiraniif boqqolloo itti naqatanii hammacachuutti ka’an. Yommuu isheen xos jettu fuudhanii qelem godhu. Ammas yommuu isheen xos jettu fuudhaniima qelem godhu. Utuma jedhanii namichaanis utuu hinga’iin eeleemarratti fixan. Namichis; “Mee anoo ka’een deemaa, mee bishaan naaf kenna!” jedhe. Isheen tokko kaatees bishaan hokkotee keessaa budduqsitaa achuma dhaabbatee dura ofii ishee gigigigigigigi itti gootee, achiimmoo waraabdee isaaf laatte. Egaa anoo ka’een galaa, yoo haati keessan dhufte: “Yaa haadha xes qelemii, yaa haadha dubbus xulluqii dubbichoo ta’uu didee” jedhaatii itti naaf himaa jedhee sokke. Haatis garaasheetti soddaan argadhee jechaa galgala gabaatii galtee, “Namni haaraa qee kana dhufteeraa?” jettee durbootashee gaafatte. Durboonis; “Ee, namichi tokko dhufte taa’aa oolee sokke” jedhan. Haatis, “Maalimmoo jedhee sokkeree?” jette. Innoo, “Yaa haadha xes qelemii, yaa haadha dubbus xulluqii dubbichoo ta’uu didee” jedhaatii haadha keessanitti naaf himaa jedhee sokke jedhan. Haatis yeroo inni dhufu “Maal hojjetaa turtan?” jette. Isaanis, boqqolloo hammaccachaa jirra turre jedhan. Haatis, “Ihii! Bishaanoo dhugdaniittuu?” jettee gaafatte. Isaanis; “Ee, dhugneerra” jedhan. Kanumaan dubbiin haadhaaf galee dubbiin achumaan hafee jedhama (D-1) (daawwannaa

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

muude, 13/2023 tikiseewwan waliin ooluun taasifameen osoo waa’een fuudhaafi heerumaa kaafamee taphatamuu raghimaa Q.G kan himame).

Durduriin kun (D-1) ulaagalee gaa’ela ijaarrachuu keessatti xiyyeeffatamuu qaban keessaa dhimma oguma (*wisdom*) qabaachuufi safuu (*norm*) hawaasaa beekuufi kabajuu shamarranii murteessaa ta’uu dha’ama. Karaa biraan, shamarran oguma hinqabneefi safuu hawaasaa hinbeeknee gaa’elaaf kan hinfilatamne ta’uu ibsa. Kunis, fakkeenyaaf, safuun cabee durdurii kana keessatti mul’atu; Jaawwii biratti shamarran abidda gubbaatti waa nyaachuun (eelerraatti nyaachuun), dhabbattee waa dhuguun, keessummaa dura dhaabbateefi keessummaa dursitee dhuguun qaaniidha, safuudhas. Shamarran akkasiis kan oguma hinqabne, doofaa, boosettii, kan guddisa hintoliiniifi safuu hinbeeknee jedhamtee hawaasaan fudhatamuun yookaan qeeqamuun gaa’elaaf hinfilatamtu. Yeroo baayyees wantota shamarran haftummaaf (gaa’ela malee mana maatiitti hafuu) saaxilan keessaa kun akka tokkootti lakka’ama. Jaawwiin durduriwwan akka durdurii kanaa dargaggoota fudhaaf ga’anitti himuunis akka isaan shamara oguma hinqabneefi safuu hinbeekne hinfuune akeekkachiisa. Akkasumas, ittiin shamarran immoo kan oguma qabaniifi safuu beekan ta’anii akka guddataniif ittiin qara.

Magarsaa D.

'Doofaa nyaachuu ishee hinargani godaashee arguu' jedhan (M-1),

'Safu gatuun galgala mana axoofii' jedhan (M-2),

'Boosettiin ofiin ofgattee dhirsatu nagate jetti' jedhama (M-3) (daawwannaa qoratchi sadaasa, 15/2023fi mudde, 13/2023 tikiseewwan waliin ooluun taasiseen dhimmi fuudhaafi heerumaa osoo kaafamee taphatamuu raghimtoota garaagaraan kan mammaakaman).

Mammaaksonni kunniinis, galumsa keessatti mammaakamaniin shamarrri, yookaan dubartiin boosetiin, doofaaniifi safuu hinbeekne gaa'elaaf kan hinmalle ta'uu ittiin dhaloota akeekkachiisuuf kan mammakamanidha. Kana jechuunis, karaa biraan mammaaksonni kunniin shamarran doofummaa, safuu walaaluufi boosummaa irraa bilisa ta'anii akka guddatan gochuuf, yookaan qaruuf; dargageessi immoo shamara oguma hinqabne akkasii (doofaa, safu-gattuu, boosettii) akka hinfuune akeekkachiisuuf kan himamanidha. Haata'u malee, mammaaksonni kunniin haala, yookaan galumsa keessatti mammaakaman irratti hundaa'uun ergaawwan kanneeniin ala dabarsuu danda'u.

Walumaagalatti, D-1, M-1.M-2fi M-3 kunniin addatti dargageessi fuudha ga'e tokko shamara oguma qabduufi safuu hawaasaa beektu ilaallatee fuudhuu akka qabu akeekkachiisuuf/gorsuuf kan himamanidha.

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

Akkasumas, ittiin shamarran gorsuufi akeekkachiisuun qaranii ga'elaaf isaan ga'oosmuuf kan himamanidha.

Durdur namichatuu fuudha fedhee hiriyyaa isaa mari'ate. Hiriyyaan isaa kun immoo, "Elaa abalu durba qabaa mee dhaqii ilaalladhu!" jedhe. Namichis, ilaallachuu deemee yommuu jedhu durboonni lama mana taa'u. Abbaan isaanii immoo mana hinjiru. Namichis, "Ijoo abban keessan eessa deemee?" jedhee isaan gaafate. Durboota sana keessaas isheen angafni "Jarsummaa deeme" jette. Isheen eegoon (quxisuun) immoo "Muka muruu deeme" jette. Namichis deebisee "Dafeemmoo galaa?" jedhe. Intalli isheen jaarsummaa deeme jettes "Hammuma kana gala hinturu" jette. Isheen muka muruu deeme jettemmoo "Yoo muruu isaa beeke dafee gala" jette. Namichis, "Ishi" jedhee xiqqoo eegee dhufuu dinnaan ka'ee gale. Ammas yeroo biraa deebi'ee dhufe. Harras durbootuma lamaanitti mana jira malee abbaan isaanii mana hinjiru. Namichis, "Abbaan keessan eessaa deeme?" jedhee isaan gaafate. Intalli isheen gafa duraa jaarsummaa deeme jette, harras "Innoo jarsummaa deeme" jette. Intalli isheen gaafa duraa muka muruu deeme jette sun immoo "Cubbuu nuuf bituu deeme" jette. Namichis, "Maal taate intalanana? Kunoo jaarsummaa deeme jettii isheen kunoo, maaliif cubbuu nuuf bituu deeme jettaa?" jedhee gaafate. Intallis, "Inni ani cubbuu nuuf bituu deeme jedheef, yoo hubatanii dhugaa duukaa bu'anii faradan malee, yoo kiisii ilaalanii, fuula ilaalanii, yeroo ilaalanii, nyaataafi dhugaatiif jedhanii, jalalaaf jedhanii faradan boorii keenyatti cubbuu fidanii galu waan ta'eef" jette.

Magarsaa D.

Namichis, oguma dubbii isheen qabdu kanaan liqiffamee dinqifatee ishee jaallatee ishee fudhee jedhama (D-2) (daawwannaa sadaasa, 20/2023 maanguddoota waliin dhugaatii dhugaa jiran irratti taasifameen, osoo waa'ee dubartii dubbii beektuu dubbatanii raghimaa M.T kan himame).

Jaawwiin aadaa fuudhaafi heeruma isaa keessatti oguma dubbii qabaachuu garee kamiifuu (dhalaas ta'e dhiiraaf) bakka olaanaa kenna. Durduriin kunis, (D-2) shamarrri oguma dubbii qabdu yookaan akkaataa dubbii beektu gaa'elaaf filatamtuu akka taate ibsa. Oguma dubbii qabaachuun immoo karaa biraan beekumsa hawaasaa qabaachuu agarsiisa. Beekumsa hawaasaa qabaachuun immoo jireenya hawaasummaa keessatti kan daran fudhatamummaa guddaa kan namaaf kennudha. Durdurii kana keessattis kanatuu ibsamee jira. Fakkeenyaaf, intalli isheen quxxisuun hojii jaarsummaa muka muruufi cubbuu dhalatti bituun fakkeessitee himuun ishee dubbii ogumaan guute waan ta'eef, dubbi beekettiifi ogeettii ta'uu ishee agarsiisuun fudhatamummaa yookaan carraa gaa'elaaf filatamuu isheef kennee jira. Shammarrri oguma dubbii hinqabneefi waan hunda kallattiin dubbattu immoo kan dubbii hinbeekne, kan dubbiin ishee asii gadiifi balxaqqee jedhamtee qeeqamti.

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

'Bareenni durbaa fuula miti arraba' jedhan (M-4)

'Akka feeteen durbaa akka feete dubbatti' jedhan (M-5) (daawwannaa mudde, 09/2023 qoratichi bakka dargaggoonniifi maanguddoonni hedduun waliin ta'anii gaagura ulaa jiranitti argamuun taasifameen diigamuu gaa'ela nama naannoo sanaa tokko kaasanii osoo walitti himan dubbii keessa maanguddoon D.G jedhamu mammaaksota kanneen mammaake).

Mammaaksonni kunniinis, dargaggeessi fuudha ga'e tokko ulaagaa inni ittiin shamara filachuun fuudhuu qabu keessaa tokko dubbi beekettii yookaan oguma dubbii qabaachuu isheen ta'uu akka qabudha. Sababiin isaas, oguma dubbii qabaachuun beekumsa hawaasaa qabaachuu keessaa isa tokko waan ta'eefidha. Akkuma M-5 irraa hubachuun danda'amutti immoo akka fedhan dubbachuun safuu hawaasaa walaaluu waan ta'eef, kan jireenya hawaasummaa keessatti balaaleffatamudha. Walumaagalati, mammaaksonni kunniin galumsa keessatti himaman bu'uureffachuun ergaa garaagaraa kan qaban ta'uuyyuu, galumsa isaan keessatti himaman qoratichi waraabeen garuu, dargaggeessi fuudha ga'e durba oguma dubbii qabdu filannoo isaa gochuu akka qabu kan akeekkachiisaniifi shamarran immoo oguma dubbii yookaan beekumsa akkaataa

Magarsaa D.

dubbii hawaasaa akka qabaataniif kan isaan qaruuf mammaakamanidha.

Bara durii dargaggeessa sadiituu intala nugusaa baayyee bareeddu tokko bareedina isheen booji'amanii fuudhuuf jaarsa itti ergatan. Sadan isaaniis guyyaa tokkorra itti ergatan. Kanaa booda, abbaan intalaa intala isaa ofitti waamee, "Yaa intala koo isa kami siif wayya? Isa kamittis heerumuu feta?" jedhee gaafate. Intallis, "Isaan keessaa kan lafa kana olfuudhee baate, ana haafuudhu" jette. Abbaan ishees gara jaraatti deebi'ee; "Yaa jaranana, intalloo kan lafa kana olfuudhee baate ana haafuudhu" jettee, "Eenyu isin keessaa kan lafa kana olfuudhee baachuu danda'u? jedhe. Jara keessaas lama kun rakkisaadha, hindanda'amu jedhanii abdi kutanii taa'an. Tokkichi immoo osoo abdi hinkutiin itti yaadee "Ani lafa kana olfuudhee nan baadhaa, garuu dura isheen irraa naaf haabuutu" jedhe. Kanumaaan intalli "Kan na fuudhu elaa kunoo isa kana" jettee isatti heerumtee jedhama (D-3) (afgaaffii Onkolooleesa 12/2023 raghimaa DH. J waliin taasifameen kan himame).

Gaa'ela ijaarrachuu keessatti, akkuma dargaggoonni shamarran ogumaafi beekumsa hawaasaa qabdu filatan shamarranis dargaggeessa ogumaafi beekumsa hawaasaa qabu filatu. Durduriin kunis (D-3), ulaagaalee shamarran bu'ureffachuun dhiira itti heeruman filatan keessaa tokko oguma yookaan abshaalummaa qabaachuu isaa madaaluun akka ta'e addeessa. Durduriin kun bal'inaan kan inni himamus ittiin dargaggoota

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

qaruun ga'elaaf ga'oomsuuf; akkasumas, shamarran dargaggeessa oguma, abshaalummaafi beekumsa hawaasaa qabu filachuu akka qaban ittiin dha'amuufidha. Ergaan bu'uura durdurii kanaas, gaa'ela ijaarrachuu keessatti oguma qabaachuu walii qorachuun barbaachisaa akka ta'e, keessumaa shamarran dhiira oguma qabu, fala beekuufi tooftaa qabeessa ta'e filachuu akka qaban dhahama.

'Gowwaafi bishaan gara itti jallisanitti deemaa' jedhan (M-6)

'Abshaalli malaan abidda waada' jedhan (M-7) (daawwannaa mudde, 30/2023 qoratiichi bakka dargaggoonniifi maanguddoonni hedduun waliin ta'anii dirreetti ba'anii taa'anii taphatan irratti argamuun taasiseen waa'ee gaa'elaafi shamara ogeettii kaasanii osoo haasa'anii maanguddoon D.G jedhamu mammaaksota kanneen mammaake).

Mammaakisota kanneen keessaa M-6 galumsa keessatti himame yookaan mammaakame kana bu'uureffachuun ergaan isaa adeemsa gaa'elaaf wal filachuu keessatti dargaggeessi gowwaan, oguma hinqabnefi mala hinbeekne gaa'elaaf kan hinmalle akka ta'e kan ibsudha. Sababiin isaas, namni gowwaafi oguma hinqabne kan ejjennoo mataa isaa hinqabne, kan gara itti geessan maratti geeffamuufi kan

Magarsaa D.

salphaatti jireenyi isaa miidhama keessa galfamu waan ta'eefidha. Maammaaksi inni biroon (M-7) immoo oguma (abshaalummaa) kan qabu garuu waan hindanda'amne ogumaan waan mo'atuuf jireenya gaa'elaa keessattis filatamaa ta'uu isaa addeessa. Walumaagalatti, mammaaksonni kuunniin galumsa keessatti mammaakaman kana bu'uureffachuun akka dhaloonni oguma qabaachuu qabu kan barsiisan; akkasumas, shamarran dargaggeessa oguma qabu, yookaan mala beeku filachuu akka qaban kan akeekkachiisanidha.

Bara durii mucaa haadha malee abbaa hinqabne hiyyuma keessa jiran tokkotuu intala mootii baayyee bareedduu qalbii namaa hattuu tokko jaallatee fuudhuuf itti ergate. Mucaan kun gumbii 25 dhoofsisee haadhaan immoo maragi jedhee margisiisee kan midhaan waan tokko keessa hinjirre tarree galchee dhaabe. Mootiin immoo, "Mee dhaqaatii qee ilaalaa!" jedhee hojjetoota isaa erge. Hojjettoonni ergamanis dhufanii ilaalanii deebi'anii mootiidhaan "Yaa mooti gumbii digdamii shantuu godoo midhanii guutanii jiru" jedhan. Kanumaan mootiinis intala isaa kenneef. Gaafa kennuuf wanti nyaatan hinjiru, gumbiin duwwaadha. Intallis abbaatti ergitee; "Yaa abbaa koo; isin itti na kennitanii, namichi midhaan waan tokko hinqabu, waanan nyaadhu hinjiru" jetteen. Kanumaan, abbaanis "Kottuu galikaa!" jedheen. Intallis, "Hingalu na jaalla" jette. Kanumaan mootichi waamee qoroo biyya tokkoo kenneefii akka gabbaramu taasisee jedhama (D-4) (afgaaffii

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

raghimaa Sh. O waliin eebila, 6/2023 taasifameen kan himame).

Durduriin kun (D-4) qabeenyaa qabaachuun ulaagaalee gaa'ela ijaarrachuu keessatti dhiirri (dargaggeessi) tokko ittiin madaalamu keessaa tokko waan ta'eef, dargaggeessi fuudhaaf ga'e tokko cimee hojjetee qabeenyaa horachuu akka qabu akeekkachiisuuf kan himamudha. Sababiin isaas, dargaggummaan yeroo itti humna qabaniifi hojjetanii qabeenyaa horachuu danda'an waan ta'eefidha. Oromoo biratti dargaggeessi fuudha ga'e tokko qabeenya hinqabu yoo ta'e akka nama dhibaa'aatti, hojii hinjaallanneefi kashalabeetti lakka'ama. Dhiirri hiyyeessi waan nyaachiseefi uffisee bulfatu hinqabu waan ta'eef, akkasumas, maqaa gaarii maatii intalaaf waan hinqabaneef intala isaanii hiyyeessaaf hinkennan. Gabaabumatti, D-4 kun dargaggeessi tokko yommuu fuudhaaf ga'u intala jaallate tokko naqatee fuudhuuf maatiin ishee qabeenyaa inni qabu bu'uureffachuun intala isaanii waan isaaf kennaniif, gaa'ela ijaarrachuu bira ga'uun dura cimeefi jabaatee hojjetee qabeenyaa horachuu akka qabu kakaasuuf; akkasumas, akeekkachiisuuf kan himamudha.

'Siree hiyyeessaa jalli qilleensaa' jedhan (M-8),

'Furdannan sooressa seete' jedhan (M-9) (daawwanna caamsaa, 12/2023

Magarsaa D.

maanguddootaafi dargagoota waliin ta'anii dallaa loonii jijjiiran irratti taasifameen waa'ee qabeenyaafi gaa'ela walbira qabuun osoo taphatanii raghimaa T. M, L. k duraaduuban kan mammaakaman).

Mammaaksonni kunniin, haala keessatti himaman/mammaakaman qoratichi daawwatee bu'uureffachuun ergaan isaanii, fakkeenyaaf, M-8 mana hiyyeessa waayyu waan hinjirreef, hiyyeessatti heerumuun miidhama akka qabu, M-9 immoo akkuma D-4 kana keessatti gumbii duwwaa dhaabbatu osoo keessa hinilaaliin miidhaaniin guutuu godhanii fudhatan, nama furdaa furdateef qofa sooreessa jedhanii fudhachuun itti heerumuunis gowwummaa akka ta'e ibsa.

Bara durii qurxummiituu intala leencaa fuudhuuf itti ergate. Jarri ergamanis dhaqanii, "Intala keessan ilmoo keenyaaf nuu kennaa" jennee dhufne jedhan. Abbaan intalaas gaaffii isaanii kana akkuma dhaga'een aaree; "Kun maqaa keenyaaf hintolu, mee ka'aa gala!" jedhe. Warrimmoo (haati manaa) gorduuba dhaabbatee dhaggeeffatti waan ta'eef, abbaa manaa ishee olwaamtee, hamaa of hingodhiinaatii, "Dura dhaqaatii mana itti mucaa koo galfattan ijaaraatii deebi'aa kottaa fuudhaa!" jedhi jette. Achumaan abbaanis deebi'ee gara jaraa dhufee, "Mee dura dhaqaatii mana itti mucaan galu ijaaraatii deebi'aa kottaa!" jedhe. Jarris, 'tole' jedhanii gara biyyaatti deebi'anii waan jedhaman himan. Kanumaan, qurxummoonni mana ijaaruuf bishaan keessaa ba'anii bishaan

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

dhabanii dhumanii jedhama (D-5) (mariigaree sadaasa, 4/2023 taasifamerratti raghima T.A kan himame).

Oromoon aadaa fuudhaafi heeruma isaa keessatti wantota inni xiyyeeffannoo keessa galchuun qoratee waliin gaa'ela ijaarratu keessaa gita ofii, qomoofi gosti walii isaan biroodha. Kanas, Jaaawwiin durduriwwan isaatti gargaaramuun dargaggeessi fuudha ga'es ta'e durbi heeruma geessee gita isaa yookaan gita isheefi qomoo ofii waliin gaa'ela ijaarrachuu akka qaban ittiin gorsu; akkasumas, akeekkachiisu. Durduriin kunis (D-5), gaa'ela ijaarrachuu keessatti qomoo ofii filachuun barbaachisa akka ta'e addeessa. Gita ofii kan hintaaneefi Orma (kan qomoo ofiin ala) waliin gaa'ela ijaarrachuun miidhamaaf akka nama saaxiluu danda'u hubachiisa. Akkasumas, durduriin kun akka dhaloonni kan qomoo isaaniin alaa fuudhuufi itti heerumuun aadaafi eenyummaa isaanii hinboressinellee akeekkachiisa. Oromoon Jaawwii haala kanaan durduriwwan isaatti gargaaramuun qomoo ofii waliin gaa'ela ijaarrachuun murteessa ta'uu dhalootaaf dhahama. Ergaan durduriin kun qabu inni biraan immoo intala ofii kennuu yoo hinbarbaadiin ogumaan jaarsa ofirraa geggeessuun barbaachisaa ta'uu addeessa. Dabalataanis, durduriin kun dubartoonni oguma cimaa kan qaban ta'uus kan ibsudha.

Magarsaa D.

Bara durii burqaatuu ilma fuusiffachuu barbaaddee akka intala Waaqayyoo dubbataniifiif jaarsa ergite. Jaarsis dhaqee dubbannaaniif Waaqayyos “Haata’u; siniifan laadhaa, garuu amma mitii gara yekkaatititti siqaatii kottaa yeroos walfaramnaa” jedhe. Burqituun immoo “Anoo yerosoo hinjiruhoo?” jettee jedhama (D-6) (mariigaree sadaasa, 4/2023 taasifamerratti raghima A.L kan himame).

Durduriin kunis (D-6) akkuma D-5 gaa’ela ijaarachuun qomoo ofiifi sadarkaa ofii wajjin akka ta’uu qabu dhaloota hubachiisuuf kan himamudha. Kan sadarkaa ofiin olii waliin gaa’ela ijaarrachuuf dhama’uun miidhama akka qabu; fakkeenyaaf, miidhaa xiinsammuu, miidhaa qisaasama yeroofi dhamaatee qofa ta’uu akka danda’u addeessa. Akkasumas, durduriin kunillee akkuma D-5 yoo intala ofii kennuu hinfedhiin ogumaan jaarsa galchuun aadaa hawaasichaafi dhimma barbaachisaa ta’uu kan dha’amudha.

‘Booftiifi raachi hanga ganni darbutti wajjin jiraatu’ jedhan (M-10),

‘Karaa malee deemanii galma malee deebi’anii’ jedhan (M-11) (mudde, 10/2023 daawwannaa qoratichi bakka dargaggoonniifi maanguddoonni hedduun waliin ta’anii daboon midhaan dha’anitti argamuun taasiseen waa’ee gaa’elaa kaasani osoo haasa’anii maanguddoota

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

D.G fi Dh. R jedhamaniin duraaduubaan kan mammaakaman).

Mammaaksonni kunniinis, galumsa keessatti mammaakaman olii bu’uureffachuun yommuu hiikaman ergaan isaanii ga’ela ijaarrachuun qomoo ofii waliin akka bareedu, yoo ta’uu baate garuu rakkoo guddaa kan qabuufi itti fufiinsa kan hinqabne akka ta’uu danda’u dha’amu.

Ulagaalee ittiin dargaggeessi tokko intala fuudhu filatuufi filaniif (maatiin isaa, hiriyyoonni isaa); akkasumas, shamarran ittiin dargaggeessa filattu keessaa kanneen biroon sadarkaa jireenya maatiifi bareedina qabaachuudha. Durduriin D-3 fi D-4 waa’ee seenduubee yookaan sadarkaa jireenya matiillee kan ibsanidha. Kunis, sadarkaa jireenya maatii (fakkenyaaf, aangoo, beekantii, qabeenyaa...) walii ilaaluunillee barbaachisaa tahuu dargageessa fuudha ga’ee fi shamara heeruma geesseef dha’amuuf kan himamanidha. Akkuma durduriwwan kanneen keessatti intala mootii tahuun barbaadamtii guddaa argamsiisuun dhihaatee jiru jechuudha. Bareedina ilaalchisee immoo bareedinni gama lamaniinuu kan ilaalamu yommuu ta’u, irraa caalaan garuu kan shamarraniif gatii guddaati kennama. D-3fi D-4 oliis karaa biroon durbi bareedduun gaa’elaaf kan filatamtuufi jaallatamtu akka taate addeessu. Oromoon

Magarsaa D.

gaa'ela ijaarrachuu keessatti bareedduu fuudhuun barbaachisaa akka ta'e durduriwwan isaatti dhimma bahuun bal'inaan ibsa. Dargaggeessi fuudha ga'e tokkos durba bareedduu ilaallatee fuudhuu akka qabu ittiin kakaasu.

Maanguddoonni durduriwwan waa'ee shamara bareedduu yommuu dargaggootatti himanis/mammaakanis akka isaan shamara bareedduu filatanii fuudhan jajjabeessuufi akeekkachiisuufidha. Kan isaan dargaggeessa fuudha ga'e tokkoon shamara bareedduu akka fudhuuf kakaasanis, akka inni gaa'ela gaarii qabaatuuf, fokkiftuu fuudhe jedhamee hiriyyaan akka hinqeeqamneef; akkasumas, yeroo booda jibbee akka hinargamneefidha.

'Fuuneen bareedduu kaan bulanii jibbuu' jedhan (M-12),

'Durbii uleen bareedduu nama harka turti' jedhan (M-13).

Mammaksonni kunniinis (M-12 fi M-13), bareedduu ilaallatanii fuudhuun jaalala haadha manaa ofiif qaban fulduree jabeessee dhabuufi eeguu wantota danda'an keessaa isa tokko waan ta'eef, akka dargaggoonni fuudha ga'an dubara bareedduu ilaallatanii fuudhuu qabaniifi bareedaaf bakka kennuu qaban akeekkachiisuuf kan mammaakaamanidha. Kunis, yoo bareedduu hinfuudhiin boor

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

walhiikuun, ala ilaaluuniifi jaalala malee waliin jiraachuun uumamuu waan danda'uuf, kana qolachuuf barbaachisaadha jedhamee amanama.

Aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo keessatti amala walii qorachuunis sadarkaa olaanaan kan raawwatamudha. Dargaggeessiifi maatiin isaa amala isheefi amala maatii ishee, intalliifi maatiin ishee immoo amala isaafi amala maatii isaa erga walqoratani booda dhala isaanii waliif kennu. Jaawwiin afoola isaatti gargaaramuun bu'aa amala gaarii qabaachuun gaa'ela keessatti qabuufi dhibbaa amala badaa qabaachuun immoo fidu bal'inaan ibsa. Dargaggeessi fuudha ga'e tokko amala intalaa fuudhuu fedhee qoratee, intalli heeruma geesse tokkos amala dargaggeessa ishee fudhuu barbaadee sana qoratee erga jedhanii booda gaa'ela waliin ijaarrachuu akka qaban durduriwwan isaatti gargaaramuunis cimsee waa'ee amala kana dhaloota gorsa, akeekkachiisas.

Bara durii abbaa manaafi haadha manaa tokkotuu ture. Intala tokko qabus turan. Inatalli isaanii kunis haadhatti baatee baayyee hamtuudha turte. Gurbaan tokkos inala isaanii kana fuudhuuf "Naaf kennaa?" jedhee gaafate. Abbaan intalaas; "Kunoo haati isheeyyu nagubdee naagamsiifte, intalli kunis akkasumadha, darbi kan biraa barbaaddadhu, gubannaafoo kan kooyyu ga'aa" jedhe. Gurbichis, "Rakkina hinqabuu

Magarsaa D.

naaf kennaa” jedhe. “Garuu goraadee tokko, handaaqqoo tokko, adurree tokkoofi saree tokko wajjin naaf kennaa!” jedhe. Abbaanis erga jetteemmoo jedhee wantota inni wajjin naaf kennaa jedhe kana wajjin kenneef. Gurbaanis cidha godhee intala fuudhee guyyaa shaniif caaqulaa turanii ba’an. Gurbaanis goraadee isaa qabatee dhaqee abidda bira taa’e. Intalaanis, “Kottuu as taa’i!” jedhe. Isheenis dhuftee teesse. Utuma isaan taa’anii handaaqqoon biyya soddaatii dhufte sun gara diinqatti oldarbuuf dhufte. “Kut!” jedhe, hindidde; “Kut!” jedhe, hindidde. Sadaffaatti goraadee harkasarra jiruun morma ishee kutee lafa buuse. “Ahaa!” jette intallis. Ammas utuma isaan taa’anii adurreen dhufte. “Bis!” jedhe, hindidde; “Bis!” jedhe, hindidde. Sadaffatti ishees morma kutee achi buuse. Ammas sareen kalawu kalawu jedhaa dhufe. “Ba’i!” jedhe, hindidde; “Ba’i!” jedhe, hindidde. Sadaffatti isas morma irraa kutee lafa buuse. Intalli immoo teesseema yaadashetti “Ahaa! Maalidha kun?” jetti ture. Akkasitti, waan qee warra isheetii fide hundarraa morma ciree fixee, kan hafe intala qofa ta’e. Kanaa booda, intalaan “Ka’ii bishaan fidi!” jedhe. “Ishi” jettee kaatee fidde. “Ka’ii budeena toshi!” jedhe. “Ishi” jettee kaatee toshite. “Ka’ii waxii waxeessi!” “Ishi,” “Ka’ii akkas godhi!” “Ishi” jettee waan ajajamte hundumaa goote. Booris goraadee isaa qabatee akkasuma a’ajaje. Isheenis akka gaangoos saggaarii mana keessa saggaarte waan ajajamte hunda goote. Booris, iftaanis akkasuma godhe. Akkasitti amala ishee isa mana haadhasheettii dhiiftee intala sirrii taatee jireenya isaanii itti fufan. Yeroo dheeraa turee gaaf tokko abbaan ishee dhufe. Isheeno amala ishee durii dhiiftee kurkurtee hojii hojjetti. Abbanis

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

gurbaa intala isaa fudhe kanaan, “Yaa mucaa ko akkamitti intalli koo kun akkas tikikiliitti galtee?” jedhee gaafate. Innis, “Nan tamaarsise” jedhe. Abbaanis, “Adaraa kottuu haadha ishees naaf tamaarsis” jedhe. Mucaanis, “Farsoo naqaatii, horii qalaatii nu waamaakaa!” jedhe. Farsoon naqamee, horiinis qalamee waaman. Dhaqanii achi ga’aan yommuu jedhan, “Egaa akka aadaati kan irra ejjennee olgallu gogaa horrii qalamee sana nuu fidaa!” jedhe. Gaafa fidaniif muka qaree caa godhee bareechee dhise. Irra ejjetaniis olgalani. Guyyaa lama nyaataa dhugaa oolani gaafa sadaffaa galuuf ka’anii mana gajjallaa ga’an. Abbiyyuunis, “Ya ilma koo ishee dheengadda jeenehoo na jalaa irraanffatehoo?” jedhe. Gurbaanis, “Maal inni abboo?” jedhe. “Isheen dheengadda amaatii kees naaf tamaarsisi jedhe sana” jedhe. Achumaan gurbaanis, “Uu...! Isa bichaadharee gogaama dheengadda dhisneyyu utuu hinmariin kaanee” jedhee deebi’an. Shikaala ittiin gogicha dhise irraa buqsee gogicha fuudhee abbiyyuu isaatti kennee, “Mee gogaa kana maraa?” jedhe. Gaafa jaarsi nan mara jedhu gogaan jaarsa darbatee garasiin buuse. Ammas gaafa inni nan mara jedhu darbatee garanaan buuse. Kanaa booda, gurbaan “Abbo gogaan kuniif ayyoonfaa ijoollummatti hafan, si’achi karaarra hinbu’an” jedhee jedhama (D-7) (daawwannaa mudde, 19/2023 turtii galgala abidda biraa irratti waa’een gaa’elaa kaafamee osoo taphatamuu raghimaa X.M dargaggoota marsanii ta’anii dhaggeeffataa turaniif kan himame).

Durduriin kun (D-7) galumsa keessatti himame bu’uureeffachuun ergaan isaa bu’uuraa amala

Magarsaa D.

gaarii qabaachuun gaa'ela keessatti barbaachisummaa guddaa akka qabudha. Dabalataanis, amala badaa qabaachuun gaa'ela keessatti badaa akka ta'eefi guddisa gaariitti nama guddisuun immoo ijoollummaatti akka hafuufi ogumaan amala hinbarbaachifneefi badaa irraa nama deebisuun akka danda'amus dhahama.

*'Amala hinqabduuf qofaa bulti'
jedhan (M-14),*

*'Kan haadhatti barte amaatiitti'
jedhan (M-15),*

*'Haadha ilaalii intala fuudhi' jedhan
(M-16).*

Mammaaksonni olii kunniinis, D-7 waliin galumsa tokko keessatti kan mammaakaman yoo ta'an, galumsa keessatti mammaakaman mal-dhahachuun ergaan isaanii bu'uura amalli shamaran qaban gaa'ela keessatti daran murteessaa waan ta'eef, amala shamara fuudhuu fedhan tokkoo sirriitti dursanii qorachuun barbaachisaa ta'uu dha'amu. Akkasumas, M-14 shamarii amala hinqabne gaa'ela malee akka hafuu maltu, M-15 immoo amalli akkuma Oromoon 'amalliifi tulluun hingodaanu' jedhu shamarii tokko amala manatti argisiiftu heerumtees kan argisiiftuufi hindhiifne ta'uu akka danda'uufi M-16 immoo karaan ittiin amala shamara tokkoo baran amala haadha ishee beekuun akka ta'e hubachiisu.

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

5. Cuunfaa Argannoowwaniifi Goolaba

5.1 Cuunfaa Argannoowwanii

Durduriiwwaniifi mammaaksonni gooroowwan afoolaa jiruufi jreenya guyyuu hawaasa Oromoo Jaawwii waliin walitti hidhatan ta'anii humna duudhaa akkaataa jiruufi jireenyaa hawaasichaa ibsuu olaanaa kan qabanidha. Addatti immoo duudhaalee gaa'elaa barsiisuutiin walqabatani akka dhaloonni xiinsammuun, hawwasummaan, dinagdeefi beekumsa duudhaalee hawaasaan guutuu ta'uun ga'elaaf ofqopheessuu qabu humna qaruufi ga'oosuu olaanaa kan qabanidha. Akkasumas, gooroowwan afoolaa kunniin (durduriiwwaniifi mammaaksonni) gaa'ela ijaarrachuu keessatti ulaagaalee bu'uura ta'an bu'uureffatamuu qaban humna dhaloota barsiisuufi akeekkachiisuu cimaa kan qabanidha. Kanneen malees, humna itti gaafatamummaa (*responsibility*) dargaggoonniifi shamarran erga gaa'ela ijaarratanii booda gaa'ela keessatti fudhachuufi ba'achuu qaban barsiisuu olaanaa kan qabanidha.

5.2 Goolaba

Gooroowwan afoolaa Oromoo garaagaraa jiran haala keessatti himamaniifi adeemsa ittiin himaman mataa mataa isaanii kan qaban yoo ta'an, durduriiwwaniifi mammaaksonnis kanneen qindeeffama himamsaa olaanaa hordofuun himamanidha. Oromoon Jaawwii

Magarsaa D.

goorooowan afoolaa isaa kanneenitti dhimma bahuun bal'inaan dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa isaa garaagaraa ibsata. Dhimmoota hawaasummaa isaa keessaas xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e, duudhaalee gaa'elaa barsiisuu ilaalchisee ulaagaalee fuudhaafi heeruma keessatti xiyyeeffatamuu qabaniifi barbaachisummaa olaanaa qaban kanneen akka: oguma, beekumsa, ogummaa, qabeenyaa, bareedina, amala gaariifi maqaa gaarii qabaachuun qabani; akkasumas, faayidaalee qomoofi gosa walii qorachuun qabu bal'inaan ibsata. Akkasumas, ittiin dhimmota gaa'elaan walqabatan kanneeniifi kanneen biroo dhaloota barsiisa, qara, akeekkachiisas.

Wabilee

Abrams, M. H. (1988). *Glossary of Literary Terms (5th ed)*. New York: Holt, Rinehart and Winston.

Barthes, R. & Lionel D. (1975). *An Introduction to the Structural Analysis of Narrative*. The John Hopkins University Press. *New Literary History*, Vol. 6, No. 2, On Narrative and Narratives, (winter, 1975), pp. 237-272, Accessed: 18/08/2008, 13:44.

Bascom, W. (1965). *The Forms of Folklore: Prose Narratives*. Published by Ameri

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 157-176

Folklore Society. *The Journal of American Folklore*, Vol. 78, No. 307.

Berger, L.P. and Luckman, T. (1967). *The Social Construction of Reality: A Treatise in the Sociology of Knowledge*. Harmondsworth: Penguin Books.

Berhanu Matthewos (1986). "An Analysis of Kambta Proverbs." Unpublished M.A Thesis. Addis Ababa: Addis Ababa University.

Borua, P.C. (1962). *Assamese Proverbs*. Calcutta: Nabajiban Press.

Bruner, J. (1991). 'The Narrative Construction of Reality', *Critical Inquiry*, 18(1), 1-21.

Coyle, M, et al. (1991). *Encyclopedia of Literature and Criticism*. New York: Routledge.

Coffin P. and Cohen H. (1966). *Folklore in America*. New York: Doubleday and Company, INC.

Creswell, J. (2009). *Research Design: Qualitative, Quantitative and Mixed Approaches (3rd ed)* Los Angeles: SAGE Publications, Inc.

Cuddon, J.A (1998) *The Penguin Dictionary of Literary Terms and Literary Theory*. 4th England: Clays Ltd, Ives PLC.

- Magarsaa D. *Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji* 2024, 2(1), 157-176
- Dorson, R. M. (ed.) (1972). *Folklore and Folk life: An Introduction*. Chicago: The University of Chicago press.
- Finnegan, R. (1970). *Oral Literature in Africa*. Oxford University Press: Oxford.
- Gemechu Beyene (2006). "Marriage Practices Among the Gidda Oromo, Northern Wollega, Ethiopia." *Nordic Journal of Africa Studies* 15(3): 240-255.
- Guha, M. (2008). "International Encyclopedia of the Social Sciences (2nd ed.)", Vol. 22 No.7, <https://doi.org/10.1108/09504120810905060>
- Jablow, A. (1961). *Yes and No: The Intimate Folklore of Africa*. New York: Horizon Press.
- Luthi, M. (1982). *The European Folktales: Form and Nature*. USA: Indiana University Press.
- Mieder, W. (2004). *Proverbs: A handbook*. Westport, CT: Greenwood Press.
- Neuman, W. L. (2000). *Social Research Methods: Qualitative and Quantitative Approaches*. (4thed.). Boston: Allyn & Bacon.
- Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature: Backgrounds, Character, and Continuity*, Bloomington: Indiana University Press.
- Omolewa, M. (2007). Traditional African modes of education: their relevance in the modern world. *Journal International Review of Education*, 53, 593–612.
- Sahilu Kidane (1990). *Wiirtuu. Barruulee Waaltina Afaan Oromoo*. Jildii - 3: Finfinnee.
- Songsin, P. (1999). *Study and Analysis of Khmer Legends and Folk Tales Regions 1-9*. Bangkok: Thai Language Field of Study, Faculty of Human and Social Sciences, Thonburi Rajabhat Institute.
- Sumner, C. (1996). *Oromo Wisdom Literature. (Vol. III) Folktales: Collection and Analysis*. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation.
- Yisa Kehinde, Yusuf (1997). Yoruba Proverbial Insight into Female Sexuality and Genital Mutilation. *Journal of African Studies, Critical Sphere*, 1&2, 118-127.